السنّة النبوية وعلومها
www.sunnah.global

# laa ilaaha illallaah jedhi, guyyaa qiyaamaatti isiidhanin ragaa siif ba'aatii

Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbeeraa isaaniitiin ni jedhani: «laa ilaaha illallaah jedhi, guyyaa qiyaamaatti isiidhanin ragaa siif ba'aatii», innis ni jedhe: obsa dhabuutu amantaa isa jijjiirsise jettee osoo qurayshiin ittiin na arrabsuu baattee, silaa ittiin ija kee gammadhiisa ture. eegasii Rabbiin akkana jechuu buuse: {ati nama feete hin qajeelchitu garuu Rabbiitu nama fedhe qajeelcha} [al-qasas:56].
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbeeraa isaanii abii xaalib yeroo inni machii du'aa keessa jirutti laa ilaaha illallaah akka jedhu isa irraa barbaadani, guyyaa qiyaamaa isiidhaan magantaa akka isaaf dhaabbatanii fi islaamummaan akka ragaa isaaf ba'aniif jecha, garuu inni qurayshiin isa arrabsuu sodaaf jecha shahaadaa jechuu dide. sodaa du'aatii fi dadhabbiif jecha islaamummaa fudhate isaan jedhuuf! eegasii inni nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhe: osoo sana sodaan hin jirree silaa shahaadaa jedheen gammachuu qalbii kee seensisan ture. akkasumas hanga ati jaallatutti yaada kees siifanin guuta ture! eegasii Rabbiin ol ta'e aayaa isii nabiyiin -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- islaamummaatti qajeeluma waffaquu of harkaa hin qabanu jechuu akeektu buuse. Rabbuma qofatu nama fedhe waffaqa. nabiyyiin immoo -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akeekuu, ibsuu, qajeelfama kennuu fi gara karaa sirriitti waamuu qofaan ummata qajeelchu dandaa'u.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65069

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee